

سُورَةُ الْقَصَصِ
Suuraa Qasgasg

*Dura dursoo suuran tun {suuratulqasg asg }je'amti .

قبل كل شئ هذه سورة القصص

*Isiin suuraa makkaati aayata 52,53,54 ,55 malee isiin ta madiina'aati, ammallee aayata 85 malee isiin bakka { juhghaa } je'am-tutti buute , odoo madiina'atti godaanu'uuf yaa'anuu , tanaaf jecha isiin ta makkaati hin je'amtu akkuma ta madiina'aati hinje'amne.

هي مكة الآية ٥٤ ٥٢ ٥٥ فهي مدنية وأما الآية ٨٥ فنزلت على النبي { ص } فيمكنا يقال له الجحفة فليست بمدنية ولا مكة

* Aayaanni isi'ii walii galatti saddeetta mii saddeeti.

وآياتها بالإجماع ثمان وثمانون { ٨٨ }

*Isiin eega suurattunnamliitii buute .

نزلت بعد سورة النمل

*Lakkoysii isiii diidamii saddeet { 28 }

وتعدادها ٢٨

*Jalqabni dubbii maqaa rabbii rahgmata qabuutii,

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

1} *{Xaa Siin Miim} makgnaa jecha kanaa Rabbumaatu beeka, haa namni garilleen { Xaa Siin Miim } jechuun maqaa rabbiiti je'ulle'ee.

طسمر ١

* Aayaanni suuraa tanaa tun

تلك

2} * Aayaata kitaaba qur'aanarraayi, qur'aana haqa ibsu .

آيَاتُ الْكِتَابِ الْمُبِينِ ٢

*Siif addeessina, sirratti qaraana ,

تتلوا عليك

*Oduu muusa'aafii, fir'ownarraa,

مِنْ نَبَأِ مُوسَىٰ وَفِرْعَوْنَ

*Dubbii dhuga'aa, dhugaan siif odeess

بِالْحَقِّ

3} *Warra dubbii rabbii dhugo'oomsuf

لِقَوْمٍ يُؤْمِنُونَ ٣

*Firkgawna biyya misraa keessatti if guddise, if dhaade,

إِنَّ فِرْعَوْنَ عَلَا فِي الْأَرْضِ

*Warra biyya misraa akka isa gabbaran

وَجَعَلَ أَهْلَهَا شِيَعًا

godhee, addaan qoqqoode,

*Inni garii isaanii laaffiseeti, cunqursa, kan akka gosa israa'iil,

*Ilmaan, dhiiraa, kan isaanii dhalatu hunda fixee,zamana garii keessa,

*Dhalaa isaanii lakkifata, akka isaan khad-damtuuf,maalif gosa israa'iilitu biyya {ma-

dyan} shaamirraa, zamana nabi yuusufirraa qabdee misratti galtee heddomm-aatanii warra misraa miidhu'utti ka'an, ammas warri raaga laalu, wanni mootii misraatin je'e : gosa israa'iil keessaa, namni mootummaan tee harka isarratti dhumtu ta kkaa baddu dhalataa ifirraa eegi, je'aniin, tanaaf firkgawna dhalaa dhiisee dhiira dhalattu hunda ajjeesa ,

4} *Inni nama nama ajjeessu'uufii, waan biralle'een lafa balleessu., duuba Rabbiin akki je'e

*Wanni nuti feenu, warra addunya'arra miidhame san, badhaafnee, tola isaanii oollee, rakkoo isaan keessa jiranirraa isaan bafnee,

*Imaamman, warra namni diin keessatti jala deemu isaan goonee,

5} *Ammallee warra mootummaa firkgawnaa dhaalu isaan goonee.

*Shaarnifii misra isaan moosifnee,

*Firkgawnaafii ,haamaanifii ashkara isaan lamaanii agarsiisuu feena orma israa'ilirraa,

6} *Waan isaan sodaatuu turan ilma isaan mootummaa teenyatu harka isarratti badaa sodaatanii, akka inni hin argamne'eef dhiira lafarraa fixan san, manuma firkgawnaa keessatti harka isarratti guddifnee itti kaafnee lafarraa isaan fin'ee,

*Haadha muusa'aa beysifnee jirra. Manaaman takkaa qalbii isi'ii itti kaasuuun tak-

kaa malaaykaa itti ergu'uun, odoo nabiiyyu tayullee baattee, akkuma malaaykan maryam dubbifetti, malaaykan nama nabiiyyii hin tayinirratti bu'uun dhoowwamuun, yoo sharii'aadhan itti bu'e, ammoo sharii'aa malee dubbisuun

يَسْتَضِعُّ طَائِفَةً مِنْهُمْ

يَدِيحُ أَبْنَاءَهُمْ

وَيَسْتَحْيِ نِسَاءَهُمْ

إِنَّهُ كَانَ مِنَ الْمُفْسِدِينَ ﴿٤﴾

وَيُرِيدُ أَنْ نَمُنَّ عَلَى الَّذِينَ اسْتَضَعُّوا فِي الْأَرْضِ

وَيَجْعَلَهُمْ آيَةً

وَيَجْعَلَهُمُ الْوَارِثِينَ ﴿٥﴾

وَنُمَكِّنَ لَهُمْ فِي الْأَرْضِ

وَنُرِي فِرْعَوْنَ وَهَامَانَ وَجُنُودَهُمَا مِمَّا كَانُوا يَكْفُرُونَ

مَا كَانُوا يَحْذَرُونَ ﴿٦﴾

وَأَوْحَيْنَا إِلَىٰ أُمِّ مُوسَىٰ

hedduu argamee jira, akka qissaa gurbaa haadhaftole, tan suuraa {baqara'aa} keessatti garre, haadha muusa'aa maqaan isaanii {yuuhaaniz} muusan ilmaan firkgawna ajjeesu'uuf halkanii guyyaa dubartii ulfaa maratti nama godhee eegurraayi, haa tayuu dhaloota isaa oboleettii isaa malee namni biraa hin beyneduuba rabbiin haadhaa isaatin akki je'e

*Ilma kee san hoosisii,

أَنْ أَرْضِعِيَهُ

*Yoo firkgawna ni ajjeesaa sodaatte

فَإِذَا خِفْتِ عَلَيْهِ

*Laga {NUL} yookaa mormor, abbayatti darbi,

فَكَالِقِيهِ فِي الْيَمِّ

*Bishaantu nyaataa hin sodaatin,

وَلَا تَخَافِي

*If biraa isa dhabu'uufis hin yaaddawin,

وَلَا تَحْزَنِي

*Nuti isa siif deebifnaa,

إِنَّا رَأَوْنَاهُ إِلَيْكَ

7} *Anbiyaa warra ergamerraa isa goonaa , Rabbiin aayata tana keessatti waa lamatti

وَجَاءَهُ مِنَ الْمُرْسَلِينَ ﴿٧﴾

haadha muusa'aa ajaje sun hoosisu'uufii, baharitti darbu'uu .. waa lamarraa isii dhoowe, sun so daatu'uufii, rifatu'uu, waa lamaan isii gammachiise, sun ilma isi'ii isi'ii deebisu'uufii, ergamaa rabbii isa godhu'uu, duuba baatii sadii isa hoosifteeti, ni ajjeesanii sodaattee, sanduuqa keessa keessee, akka bishaan itt in seenne gootee, itti qadaaddee, halkan keessa laga niil kan abbayya jennuunitti darbitee.

*Duuba ashkarri firkgawnaa ganama sand-

فَالنَّقَطُ مِنْ أَلْفِ فِرْعَوْنَ

uuqa bishaan deemun arganii, duuni'iin itti ori'anii qabanii, fuudhanii firkgawna dura kaayanii, sanduuqni banamee, muusan keessaa baafame isaa abba guddoo isarraa aanan bayeefii hodhu ,

*Wanni rabbiin isaan buusiseef ,akka booda keessa gurbaan isaan guddisan diina isaanitti tayuufi,

لِيَكُونَ لَهُمْ عَدُوًّا

*Akka waan isaan, rifachiisu, isaanii tayuufi ,akka if eegun , waan rabbiin dalaguu

وَحَزَنًا

fedhe jalaa ,nama baaftuu beekhaniifi wanni isaan fuudhaniif, akka {jaartin jette} haa nuu tolu'uufi. Haa tayuu rabbiin nama isaanin lolu godhe, isaan ilma godhatu'uuf gudd isan malee haa diina nutti tayuufii miti, haa tayuu, rabbiin nama isaan ha rka isarratti dhuman isa godhe .

*Firkgawnafii waziirri, yookaa qondaalli isaa {haamaanifii } ammallee ashkarri isaan lamaanii.

إِنَّ فِرْعَوْنَ وَهَمَزَانٍ وَجُنُودَهُمَا

8} *Warra dilaaye,tanaafharka nama isaan guddifaniitin dhuman .

كَانُوا خَاطِئِينَ ﴿٨﴾

*Jaartin firkgawnaa {Aasiyaan intalti muz-aahgim} akka je'anitti isiin intala nabiy-yi'itii, gosa muusa'aati, isiin nama dhaluu mitii, wanni firkgawnajette:

وَقَالَتِ امْرَأَتُ فِرْعَوْنَ

*Gurbaan kun waan ijji tiyyaafii tee itti dhaabbattu nuu tayaa,

قُرْتُ عَيْنِي لِي وَلَكَ

*Gurbaa kana hin ajjeesinii naa kenni jetteen, inni ajjeesu'uu kaanan akkas jetteen

لَأَنْقُتُلُوهُ

*Gurbaan kun nu fayyaduu isaati kajeella hin ajjeessinaa ,

عَسَى أَنْ يَنْفَعَنَا

*Takkaayuu ilma godhanna ilma dhiiraa hin qabnuu, duuba waan jaar tin jette san ehamaniifii ajjeesuu dhiisan waan aadam mootota misraa waan dhalaan je'e yookaa barbaade ehamuu taatef jecha',

أَوْ نَتَّخِذَهُ وَلَدًا

9} *Isaanii waan gurbaa kanaan wajji tayu'uu taa'an hin beyne .

وَهُمْ لَا يَشْعُرُونَ ﴿٩﴾

* Ammoo haati muusa'aa firkgowna ilma isi'ii fuudhee harkaa qabaa dhageenyan, onneen isi'ii waan hundarraa qullaa taate, yaada ilma isi'ii malee, waan biraa dhiifte,

وَأَصْبَحَ فُؤَادُ أَمْرِمُوسَىٰ قَدْرًا

*Yaanni isaa itti jabaatuu keessa wayyaa ilma kiyya, jettee eyyitee, boochee, mull'isuu geesse,

إِنْ كَادَتْ لَتُبْدَىٰ بِهِ

*Odoos obsa kennineefii, qalbii isi'ii qabba-neessuu baannee, haa tayuu qalbii isi'iiti jabeesine,

لَوْلَا أَنْ رَّبَّطْنَا عَلَىٰ قَلْبِهَا

10} *Akka warra baallama Rabbii dhugo'oomsurraa taatuf, maalif rabbiin ilma kee siifan deebisaa, hin yaaddawin je'eenii, san yaadattee obsitee naaf deebi'aa abdattee,

لَتَكُونَ مِنَ الْمُؤْمِنِينَ ﴿١٠﴾

*Obboleettii isaa {maryamiin} akki jette,

وَقَالَتِ لِأُخْتِهِ

*Mee deemii obboleessa kee {muusaa} faana dhayii oduu isaa naa bari jetteen,

قُصِيهِ

*Duuba muusaa warra firkgawnaajiru ,

فَبَصُرَتْ بِهِ

*Fago'orraa laaltee garte,

عَنْ جُنُبٍ

11} *Isaanii isiin obboleettii muusa'aatii hin beyne kan akka isiin haala muusa'aa eeydu quban qabne, dhoysa'aan, gaaddee gartee, waan inni keessajiru barte.

وَهُمْ لَا يَشْعُرُونَ ﴿١١﴾

*Muusaa hanna dhalaa tokkoll'e'e hodhuu isa dhoowwine,

﴿١٢﴾ وَحَرَمْنَا عَلَيْهِ الْمَرَاضِعَ

*Odo isa haadhafhin deebisin dura guyyaa fuudhanirraa, hoosiftuu meeqaatam fi-daniifii haa tayuu dideeti, hanga guyyaa saddeetii taa'e hanga akkaan rakkataniif takkatti

مِنْ قَبْلُ

*Duuba obboleettin isaa isaanii akkasitti rakkateen san garraan akki jetteen

فَقَالَتْ

*Warra tokkotti isin qajeelchuu?

هَلْ أَذْكَرٌ عَلَىٰ أَهْلِ بَيْتِ

*Warra gurbaa kana isinii guddisu hoosi-su'uufii waan birale'een,

يَكْفُلُونَهُ لَكُمْ

12} *Isaan gurbaa kana isiniif jabeessanii , saan biratti Hin godda`annu isaan waan

وَهُمْ لَهُ نَصِيبٌ مِّمَّا كَسَبُوا ﴿١٣﴾

mootin fedhu hundaan dhaabbatanii jetteen, duuba akkasitti.deernii fidi je'an-iinii, haadha muusa'aa fidde ,haati muusa'aa hoggaa dhuftu ilmi isi'ii firkgawna harka jiraa, waan hodhu barbaadaf hidhii sosossoosaa, firkgawna gurbaa itti kenne, kenninaan, ni hodhe, kan san dura hama tokkollee dide, hoggaa san tirkgawna shakkee, maal gurbaa kanaa taataje'een : jennaan an hafuurri kiyya gaari'ii joollumti takkalleen hama kiyya hin diddu jetteen, akkasitti fuutee mana isi'itti hoosisuu isi'ii eehamanii fuutee mana isi'itti galfattee qallaba ho-osisuu kanarratti, fudhattee, namni tira firkgawnaa taye hundi, faayafii waan gaggaarii maraan gumaata isi'itti dhufa waan ilma firkgawnaa guddiftuuf.. wanni firkgawnatii, warri isaan wajji jiru yaadu, muusaa kana bishaantu biyya bi-raatii fidee, inni ilmaan israa'iilirraayii mitii, jechu'u, tanaaf itti kennan

*Duuba ilma isi'ii akka siif deebifna jennee baallama isi'iif seenetti isi'ii deebifne,

فَرَدَدْنَاهُ إِلَىٰ آتَمِيهِ

*Akka ijji isi'ii argaa isaatin gammaddu

كَيْ تَقَرَّ عَيْنُهَا

*Akka sababaa saniin yaanni irraa deemu,

وَلَا تَحْزَنَ

*Ammallee akka baallamni rabbii, kan sii-fin deebisaa, hin sodaatinii baharitti darbi je'een haqa tayuun, isi'ii mul'atuuf jecha,

وَلَتَعْلَمَنَّ أَنَّ وَعْدَ اللَّهِ حَقٌّ ﴿١٤﴾

13} *Haa tayuu irra hedduun namaa , baa-
llama Rabbiin siifan deebisa je'ee, haadhaa
seene san, hin beekhu, duuba muusan haadha bira,hanga guuffutti taa'ee, eeg-
asii firkgawnaf de ebiftee mana isatti guddate waan firkgawna nyaatu nya-
atee, wanni inni yaabbatu yaabbattee.

وَلَكِنَّ أَكْثَرَهُمْ لَا يَعْلَمُونَ ﴿١٣﴾

*Duuba hoggaa muusan guddatee waa tara
gayu, amata yookaa bara soddama yookaa
soddamii sadii gayu,

وَلَمَّا بَلَغَ أَشُدَّهُ

*Ayliin isaa guutamtee bakka gayu,

وَأَسْوَىٰ

*Hikmaa, dubbii qajeeltuu isaaf kennine,

ءَايَاتِنَا حُكْمًا

*Ammallee beekkomsa diina'aa isaaf ken-
nine sun odoo nabiyyii hin tayinii, nabi-
yummaa eegasii argatee ,

وَعِلْمًا

*Akka muusa'aaf waan gaarii kenninetti,

وَكَذَٰلِكَ

14} *Warra lubbuu isaanitiif tole, hundaaf
waan gaarii kenina .

بِعِزِّ الْمُنْحَسِنِينَ ﴿١٤﴾

*Gaaf tokko muusan mandara misraa
tokko seene ,

وَدَخَلَ الْمَدِينَةَ

*Waytii warri mandara sanii if dagatu sun
waytii orra'aatii, kan namuu, gaaddisa ja-
latti deebi'u, takkaa magh ribaafii kgishaa'ii
jidduu' , gandi sun {munfa} je'ama, takkaa
{qaahiruma} tana.

عَلَىٰ حِينٍ غَفْلَةٍ مِّنْ أَهْلِهَا

*Duuba mandara san keessatti,nama lama,
kan wallolu arge,

فَوَجَدَ فِيهَا رَجُلَيْنِ يَقْتَتِلَانِ

*Kun gosa muusa'aa {banii israa'iil},

هَٰذَا مِنْ شِيعَتِهِۦ

*Kun gosa firkgawnaa {qibxi} ,

وَهَٰذَا مِنْ عَدُوِّهِۦ

*Duuba kan gosa isaa sun, muusa'arra
dirmachuu takkaa isaa tumsuu barbaade

فَاسْتَعْتَضَ الَّذِي مِنْ شِيعَتِهِۦ

*Namicha go sa firkgawnaa sanirratti , isaa
tumsuu isirraa barbaade, kan gosa firkgaw-

عَلَىٰ الَّذِي مِنْ عَدُوِّهِۦ

Naa ,kan firkgawnaf nyaata bilcheessaa, namicha gosa muusa'aatin qoraan
ba'adhuu alawaadaa, bakka itti waa bilcheessan geessi jennaanin didee mu-
usa'aan narraa dho owwi jere, jennaanin muusan dhiisi nama kana, karaa de-
eme haa dee muu je'een, jennaanin atuu qoraan kana sirrattin fe'uudhan yaada
muusa'aanje'e,

*Hoggaa san muusan aaree, namicha gosa firkgawnaa saln dumucee,

فَوَكَرَهُ مُوسَىٰ

*Ajjeese.haa tayuu ajjeesuu hin nyaanne takkaayuu hin hamille duuba muusan jab- eenya guddaa qaba, fuudheti odoo namuu hin argin cirracha keessatti awwaalee,

فَقَضَىٰ عَلَيْهِ

*Wanni jere: ajjeechan tun, dalagaa sheyx- aanati, isaatu na aarsee,kana na dalaysiise

قَالَ هَذَا مِنْ عَمَلِ الشَّيْطَانِ

*Sheyxaanni xilaata yookaa nyaaba ilmaan aadamii,

إِنَّهُ عَدُوٌّ

*Kan ilma namaa jallisu ,

مُضِلٌّ

15} *Kan dirree baasee nama jallisu.

مُتَّبِعِينَ ﴿١٥﴾

*Muusan dalagaa tanarraa hammaatee sheenayee akki je`ee rabbi khadhate

قَالَ

*Yaa rabbi an dalagaa tanaan ifmiidhee,

رَبِّ إِنِّي ظَلَمْتُ نَفْسِي

*Naaf araarami,

فَاغْفِرْ لِي

*Duuba rabbiin isaaf araarame .

فَغَفَرَ لَهُ

16} *Rabbiin kan namaaf araaramee, rahgmata namaaf godhuu,

إِنَّكَ هُوَ الْغَفُورُ الرَّحِيمُ ﴿١٦﴾

*Yaa rabbii khiyya waan ati naaf araar- amtee, na qananiiftef, na tiysi,

قَالَ رَبِّ بِمَا أَنْعَمْتَ عَلَيَّ

17} *Yoo ati na tiysite, amma eegu kaa- firaaf gurmoo hin tayuu, firkgawnan wajjin dhaabbadhu.

فَلَنْ أَكُونَ ظَاهِرًا لِّلْمُجْرِمِينَ ﴿١٧﴾

*Duuba muusan, ganda san keessatti if sodaatee rakkate,

فَأَصْبَحَ فِي الْمَدِينَةِ خَائِفًا

*Isaa waan gama namicha inni ajjeesee- sanii itti dhufu eegu,

يَتَرَقَّبُ

*Duuba isaa akkasitti jiru, ammas narnichi gosa muusa'aa, kan kalee dirmachuu isarra barbaadee, sababaa saniin muusan namicha gosa firkgawnaa ajjeesee, awwaale

فَإِذَ الَّذِي اسْتَنْصَرَهُ بِالْأَمْسِ

* Ar'as, nama gosa firkgawnaa, kan bira- atin wallolee, muusa'atti iyyate,

يَسْتَصْرِخُهُ

*Dirmachuu isarraa barbaannan muusan namicha gosa isaa kanaan akki je'e:

قَالَ لَهُ مُوسَىٰ

18} *Namana ati jallina mulataa keessa jirta, ati nama rabshaa heddommaatu, khalee namaan wallolteeti, natti iyyattee sii jecha nama ajjeesee.ar'as namaan wal lolteeti tumsa barbaaddaa je'e?

*Duuba muusan hoggaa namicha gosa isatini, akkas je'ee, haa tayuu dirmateefii, namicha firkgawnaa, kan isaan lamaanif diinaa { kan muusa'aafii namicha gosa isaatiif diinaa san } dhawu'uuf ka'u,

*Namichi gosa muusaa kun, waan muusan isuma dhawu'uu deemu seyyee,

*Yaa muusaa na ajjeesuu feetaa?

*Akka kalee namicha {qibxii} kan gosa firkgawnaa ajjeefetti ?

*Ati waa ajjeesu'uun dachii balleessuu feeta malee

19} *Warra waa tolchu tayuu hin feetu, je'een hoggaa san namichi gosa firkgawnaa

kan isaan wallolu'utti jiran, namni, namicha kalee ajjeefame kan namni ajjeese wallaalame ajjeese muusaa tayuu hubbannaan, ceyyee , firkgawnati hime hoggaa san firkgaa wna ashkara isaa warra nama qalu ,muusaa qabaa je'ee ajjee, itti qajeelan, qabanii qalu'uuf.

*Tana jidduu namni islaamaa kan ilma adeera firkgawnaa ganda, gama kaanii, ceya'aa,karaa gababa'aan muusa'atti dhufee,

*Yaa muusaa urnmanni firkgawnaa sitti wal mariyataa , si ajjeesu'uuffii,

20} * An sin gorsaa daffii ganda kanaa bayi, dubbii tiyya dhagayii, an waan gaari'in siif yaadaa, je'een

*Duuba muusan ganda sanii baye, isaa sodaatu,

*Kan na dhaqqabanii ifirratti eegu, takkaa dirmachuun rabbii isaaf dhufuu eeggatu,

21} *Wanni je'ee rabbi khadhate: yaa rabbii khiyya, ummata firkgawnaa, rorriiftoota kana jalaa nagaya na baasi .

إِنَّكَ لَعَوِيٌّ مُّسِينٌ ﴿١٨﴾

فَلَمَّا أَنْ أَرَادَ أَنْ يَبْطِشَ بِالَّذِي هُوَ عَدُوٌّ لَهُمَا

قَالَ

يَمْوَسَىٰ أَتَرِيدُنِي أَنْ تَقْتُلَنِي

كَمَا قَتَلْتَ نَفْسًا يَا لَأَمْسٍ

إِنْ تُرِيدُ إِلَّا أَنْ تَكُونَ جَبَّارًا فِي الْأَرْضِ

وَمَا تُرِيدُنِي أَنْ تَكُونَ مِنَ الْمُصْلِحِينَ ﴿١٩﴾

وَجَاءَ رَجُلٌ مِنْ أَقْصَا الْمَدِينَةِ يَسْعَىٰ

قَالَ يَمْوَسَىٰ إِنَّكَ أَلَمَلًا يَا تَمْرُونَ بِكَ لَيَقْتُلُوكَ

فَاخْرُجْ إِنِّي لَكَ مِنَ النَّاصِحِينَ ﴿٢٠﴾

فَخَرَجَ مِنْهَا خَائِفًا

يَتَرَقَّبُ

قَالَ رَبِّ نَجِّنِي مِنَ الْقَوْمِ الظَّالِمِينَ ﴿٢١﴾

*Nabi muusan hoggaa gara biyya { mad-

وَلَمَّا تَوَجَّهَ تَلْقَاءَ مَدْيَنَ

yan} biyya shukgaybii tan hanga amna guyyaa saddeetii misrarraa fagaattu, dhaqu'uuf karaa bu'u, isaa karaa hin beyne, kan galaa yookaa sinqee hin qabne baala mukaa malee, kan waa hela hin qabne deemu,

22} *Wannije'e: wannin rabbii khiyyarraa khajeelu, karaa qajeelaa jiddu jireysa biyya

قَالَ عَسَىٰ رَبِّي أَن يَهْدِيَنِي سَوَاءَ السَّبِيلِ ﴿٢٢﴾

sanitti na geessu na qajeelchu'u, karaa sadiyiitu biyya sanitti nama geessa, duuba inni kan jiddu'u utti deeme, warri barbaada isaa jala ori'u, kama lamaan kaan deeman, maalif rabbiin malaaykaa ergeeti, karaa irra gaari'itti qajeelchee karaa barbaanne isan dhaqqabne deeme, hanga biyya san gayyetti.

*Hoggaa biyya madyan dhaqee eela bitti sun irraa dhuydu gayu, yookaa gaye

وَلَمَّا وَرَدَ مَاءَ مَدْيَنَ

*Eela sanirratti nama hedduu arge,.

وَجَدَ عَلَيْهِ أُمَّةً مِّنَ النَّاسِ

*Kanneen horii isaanitiif, eela tooyanii obaasan,

يَسْقُونَ

*Ammas jara san malee dhalaa lama achitti arge,

وَوَجَدَ مِنْ دُونِهِمُ امْرَأَتَيْنِ

*Dhalaa lama, kanneen re'ee isaanii bishaanirraa ittisan

تَذُودَانَ

*Muusan dhalaa lamaanin, maali haalli ke-essan, maalif re'ee teessan hin obbaafan nee bishaanirraa dhoowwitan je'een

قَالَ مَا خَطْبُكُمْ أَيُّهَا

*Jennaanin, nuti hanga tiysiteen biraa hundi obaafatte irraa deebitutti hin obaafannu, nuti nama nuu tooyu hin qabnuu,

قَالَتَا لَأَنسِفِيَنَّ حَتَّىٰ يُصْدِرَ الرِّعَاءُ

23} *Abbaan keenya jaarsa dullachaa, akkaan dullachaa, nuu tooyuu hin dand ayuu, je'aniin .

وَأَبُونَا شَيْخٌ كَبِيرٌ ﴿٢٣﴾

* Jennaanin , ka'ee eela biraa kan dhagaa guddaa nama khudhan malee, ol fuudhuu hin dandeenyen qadaadame, khophaa isaa irraa fuudhee obaasefii,

فَسَقَىٰ لَهُمَا

*Eegasii deemee gaadisa jala taa'e, oow'arraa isaa beela qabu ,

ثُمَّ تَوَلَّىٰ إِلَى الظِّلِّ

24} *Yaa rabbi kiyaa kheyruma taatee haa taatuu, tan ati naa buufte yookaa naa ken-

فَقَالَ رَبِّ إِنِّي لَمَّا أَنزَلْتَ إِلَيَّ مِنْ خَيْرٍ فَقِيرٌ ﴿٢٤﴾

nite an ittin haajama , nyaata tayuu waan biraa tayuu xiqqaattuu guddattuu . duuba dubri {shukgeyb} dafanii oba'arraa deebinaan, ar'a maaltu argamee da-

ftanii deebitan je'ee abbaan isaanii isaan gaafate, gaafannaan dubbii muusa'aa itti odeessan odeessinaan, intala takka isaan lamaanirraa itti ergee yaame.

*Duuba isiin ergamte muusa'atti dhuftee

فَجَاءَتْهُ إِحْدَاهُمَا

*Isii saalfata'aa deemtu, harkoo wayaa isi'ii fuularra kaayattee,

تَمَشَى عَلَى أَسْتَحْيَاءٍ

*Abbaan kiyya si yaama

قَالَتْ إِنَّكَ ابْنُ يَدْعُوكَ

*Waan ati re'ee nuu obaaftet si galatoon-fatu'uuf jecha jetteen, duuba tole je'ee dura

لِيَجْزِيَكَ أَجْرَ مَا سَقَيْتَ لَنَا

buutee wajji deemee, odoo yaa'anuu qilleensi sarbaa isi'irraa huccuu fuunnan, akka qaama isi'ii hin agarreef takkaa randa isi'ii gama duubatii laaluu jibba-nsaaf wanni isi'ii je'e : na duuba deemee, karaa na qajeeIchi je'een muusan, akkasitti duubatti deebite hanga abbaa isi'itti dhufanitti

*Duuba hoggaa abbaa isi'itti dhufee ,oduu isaa itti odeessu,

فَلَمَّا جَاءَهُ، وَقَصَّ عَلَيْهِ الْقَصَصَ

* Abbaan isi'ii wanni muusa'aan je'e:

قَالَ

25} *Hin sodaatin orma firkgawnaa warra nama cunqursu jalaa nagaya baatee, asittin miidhamtuu warri misraa irree biyya teenyarratti hin qabanii .

لَا تَخَفْ نَجَوْتَ مِنَ الْقَوْمِ الظَّالِمِينَ ﴿٢٥﴾

*San duuba, dubra lamaanirraa takka akki jette, isiin guddo'oo takkaa xiqqo'oo,

قَالَتْ إِحْدَاهُمَا

*Yaa abbaa khiyya nama kana nuu qabi haa mu'uyaana re'ee nuu eeguu,

يَتَأْتِيَّ أَسْتَجِرُهُ

*Irira caalan, irra gaarin, nama ati mu'oyaana dalaysiifattuu, nama jabaa tayu'uu

إِنَّكَ خَيْرٌ مِنِّي أَسْتَجِرْتُ الْقَوِيَّ

26} *Ammallee nama amanamaa tayu'uu,

الْأَمِينِ ﴿٢٦﴾

namni kun jabaa amanama'aa jetteen jannaanin jabaa tayuu maalin beyte, jennaanin dhagaa namni khudhan ol fuudhuu, kophaa isaa ol fuudhuu, amanamaa tayuu isaa maalin beyte, jennaanin hogga'an yaamu'uu itti dhufe ija narraa gad qabate, hogga'an dura bu'ee deeme, qilleensi hu ccuu narraa saayni'an, na duuba deemi naa je'e, jetteen, hoggaa san dubra isaa tokko itti heerumsiisuu kajelee.

* Akki je'een : an dubra kiyya lamaan kanarraa takka sii heerumsiisu'uun fedha,

قَالَ إِنِّي أُرِيدُ أَنْ نَمُنَّ بِكَ وَنُقَدِّسُ لَكَ، وَإِنِّي خَشِيتُ أَنْ تَكُونَ مِنَ الْمُكَذِّبِينَ

*Amata yookaa bara saddeet , bara khudhan naa tiysite .

عَلَى أَنْ تَأْجُرَنِي ثَمَّنِي بِحَبِّ حَبَشٍ

*Yoo bara lama idaattee , bara khudhan naa

فَإِنْ أَمَمْتَ عَشْرًا

tiysite .

*Amata lamaan san idaattee khudhan naa guutun tola naa ooluu keetirraayi malee dirqama sirrattin godhu .

*An khudhan guutu`utti si dirqee si rak-kisuu hin fedhu

27} *Yoo rabbi je`e warra tolaa baallama guuturraa tayuu kiyya , na gartaa je`een

*Jennaan, muusan akki je`een: gaari`ii, wanni ati jette baallama naafli sii jidduu jiruu, fudhee naa tayee, je`een,

*Yaroo lamaanirraa, bara saddeetifii bara khudhanirraa kanin irraa raaw`adheen baalamni guutumaa

*Yoon saddeetirratti dhaabbadha,dilii yookaa cubbuu hin qabu,takkaa itti ida`ee, khudhan guutu`utti giddamee, hin roorifamu

28} *Rabbiin waan naafii ati irratti walii

فَمِنْ عِنْدِكَ

وَمَا أُرِيدُ أَنْ أَمُوتَ عَلَيْكَ

سَتَجِدُنِي إِنْ شَاءَ اللَّهُ مِنَ الصَّالِحِينَ ﴿٢٧﴾

قَالَ ذَلِكَ بَيْنِي وَبَيْنَكَ

أَيَّمَا الْأَجَلَيْنِ قَضَيْتُ

فَلَا عُدْوَانَ عَلَيَّ

وَاللَّهُ عَلَى مَا نَقُولُ وَكِيلٌ ﴿٢٨﴾

galle kanarratti ragaa takka wabiidha akkanatti nikaahgni guutamee, intala takka fuudhee abbaan isi`ii nabi {shukgayb} ulee nabi aadam jannataa ifiin wajji bu`een, tan intalti isaa harkaa qabdu.muusa`atti kenni je`eenii itti kennite, akka bineensan re`erraa eeguf, ulee tana aadamirraa hanga shukgeybitti, anbiyumaatu walirraa dhaala`aa dhufe, hanga muu san fudhatetti, namni nabiiyii hin tayin yoo fuudhe ni nyaatte, uleen tun mukgjizaa nabi muusan firkgawnattiin dhuferraa takka .

*Duuba muusan hoggaa bara kuran san re`ee isaafiiyisee fixu ,

* Jaartii isaa fudhatee, ilma isaatiffii khaidima isaatin wajji ,re`ee qabuun wajji, odoo misratti deebu`uudhaa yaa`anuu

*Fago`oo arge,

*Moggaa gaara {xuur} je`amutti arge,

*Ibidda,halkan dukkana akkaan qabbana-ayu ,kan waan ibsataniifii, waan oow`ifatanillee dhaban, kan jaartii isaa ciniimmun qabde,

*Muusan ibidda garraan, warra isaatin akki je`e : mee as taa`aa na jala hin deemina`aa

فَلَمَّا قَضَىٰ مُوسَى الْأَجَلَ

وَسَارَ بِأَهْلِهِ

عَائِسًا

مِنْ جَانِبِ الطُّورِ

نَارًا

قَالَ لِأَهْلِهِ امْكُثُوا

gara biraatis hin deemina'aa

* An ibiddan argee ,

إِنِّي عَاسْتُ نَارًا

*Ibidda san biratti,nama karaa nu qajeelchu argatuudhan kajeelaa karaa wallaalee, nama karaa nu qajeelchu dhabnee

لَعَلِّي آتِيكُمْ مِنْهَا بِخَبَرٍ

*Takkaa muka, yookaa dibaa ibidda qabun isinii fidaa,

أَوْ كَذُوفٍ مِنَ النَّارِ

29} *Akka qabbana tanarraa oow'ifattan.

لَعَلَّكُمْ تَصْطَلُونَ ﴿٢٩﴾

*Duuba hoggaa bakka ibiddaa san dhaqee muka gurraacha qaamni isaa hundi ifu argu

فَلَمَّا أَتَاهَا

*Muusa'atti lallabame,

نُورِي

*Moggaa lagaa, kan mirga muusa'aa jirurraa dhagaye,

مِنْ شَطِئِ الْوَادِ الْأَيْمَنِ

*Bakka muusa'aaf barakaa qabdu, waan dubbii rabbii achitti dhagayeeef,

فِي الْبُقْعَةِ الْمُبْرَكَةِ

*Mukarraa dhagaye,

مِنَ الشَّجَرَةِ

30} *Wanni dhagaye: yaa muusaa kan ifaa kana muka kanarratti uume ana rabbi keetii ,rabbiin na malee hin jiru iechaa dhagaye.

أَنْ يَمْوَسِيَّ إِنِّي أَنَا اللَّهُ رَبُّ الْعَالَمِينَ ﴿٣٠﴾

* Ammas wanni dhagaye rabbiin wanni je'een ulee harkaa qabdu tana darbi jechu', duuba ni darbe, darbinaan bofa guddaa taate,

وَأَنْ أَلْقِ عَصَاكَ

*Muusan hoggaa ulee bofa taatee sossotu argu ,

فَلَمَّا رَأَاهَا تَهْتَزُّ

*Tan akka bofaxiqqaa, looyutti lootu goddoo akka biraa tayu'uun wajji, bofa waan dhagaa taye kan mukaafii citaa taye liqimsu kan dhagaan inni liqimsu sun akka waan gaaraa ka'ee, qilee bu'utti didichu, duuba hoggaa san muusan sodaatee,

كَأَنَّهُ جَانٌّ

*Dheeyse irraa gam galee,

وَلَنْ مُدْبِرًا

*If duuban mil'annee, duuba rabbiin muusa'atti lallabee akki je'een:

وَلَمْ يَعْبَبْ

*Yaa muusaa koottuu, hin sodaatinii,

يَمْوَسِيَّ أَقْبَلْ وَلَا تَخَفْ

31} * Ati warra nagaya argaturraayii, ulle-
en tun waa takka sin gootuu.

*Shanacha kee seensisi,

*Mormoo qamisa keetii keessa,

*Aadii taateti baatii duuba seensisee, isii
adii akka adu'utti, iftee, ija nama dhoytu,
baase, kanuma harki isaa rnagaalaa

*Kan addeenya, dhukkubarraa dhufu hin
tayin, kan dhukkuba {baras} je'arnu fa'a-
rraa dhufe hin tayin ,

*Harka kee kan mirgaa kan ife san mor-
moo keessan bobaa bita'aa jala kaayii itti
maxxansii.. harki lamaan akka kooluu yoo-
kaa gofla'aatii tanaaf rabbiin goblaa kee
ifitti maxxansi je'e,

*Sodaa hoggaa harki si addaate sitti arg-
amte saniif. hoggaa harka duraan addaate
san, bobaa jala keessa, harki akka duratti
deebi'aa, sodaan sirraa deemtii

*Uleedhafii harki ati garte kun,

*Mukgjizaa lamaa, ragaa lamaa .

*Kan rabbii keetirraa firkgawnafii ummata
isaa warra malatti geessitu,

32} *Isaan warra karaa rabbirraa baye ta-
yanii jiranii.

*Jennaanin muusan akki je'e: yaa rabbi khi-
yya an ummata firkgawnarraa nama ajjee-
setan jiraa,

33} *Sanii je'anii na ajjeesu'un sodadhaa

*Obboleessi kiyya {haaruun},

* Arraba narra qala'ataa, dubbii narra ibsaa,

*Naan wajji ergi,

*Haa na gargaaruu,

إِنَّكَ مِنَ الْآمِنِينَ ﴿٣١﴾

أَسْأَلُكَ يَدَكَ

فِي حَيِّبِكَ

تَخْرُجُ بِيضَاءَ

مِنْ غَيْرِ سَوْءٍ

وَأَضْمَمُ إِلَيْكَ جَنَاحَكَ

مِنَ الرَّهْبِ

فَذَانِكَ

بُرْهَانٍ

مِنَ رَبِّكَ إِلَى فِرْعَوْنَ وَمَلَئِهِ

إِنَّهُمْ كَانُوا قَوْمًا فَسِيقِينَ ﴿٣٢﴾

قَالَ رَبِّ إِنِّي قَتَلْتُ مِنْهُمْ نَفْسًا

فَأَخَافُ أَنْ يَقْتُلُونِ ﴿٣٣﴾

وَإِخِي هَكَرُوتُ هُوَ

أَفْصَحُ مِنِّي لِسَانًا

فَأَرْسَلَهُ مَعِيَ

رِدْءًا

* Akka na dhugo'oomsu ,akka dhuga'arratti
na jabeessu,
34} *Ormi sun, na kijibsiisuudhan sod-
aadhaa.

يُصَدِّقُنِي

إِنِّي أَخَافُ أَنْ يُكَذِّبُونِ ﴿٣٤﴾

*Duuba rabbiin khadhaa Muusa'aa qeeb-
aleefii akki je'e ,
*Tole, humna tee siif jabeessinaa,

قَالَ

سَنَشُدُّ عَضُدَكَ

*Obboleessa keetin ,

بِأَخِيكَ

*Isin lamaanif ni goona,

وَنَجْعَلُ لَكَ

*Mooyannaa, irree,

سُلْطٰنًا

*Waan hamtu'uun isin hin gayanii,

فَلَا يَصِلُونَ إِلَيْكَ

*Mukgjizaa teenyan itti dhaqaa,

بِأَيِّنَّا

*Isin lamaanifii, warm isin lamaan jala
deematu,

أَتَمَّا وَمِنْ أَتْبَعَكَ

35} *Diina keessan injifataa.

الْغٰلِبُونَ ﴿٣٥﴾

*Duuba hoggaa muusan firkgawnafii orma
isatti, mukgjizaa teenya beekkamtu'uun
dhufu, waan inni ergamaa ra bbii tayuu
ibsu, isaan garsiisu, tan akka ule'ee, harkaa,
*Kun waan biraatii mitii falfala,

فَلَمَّا جَاءَهُمْ مُوسَى بِآيَاتِنَا بَيَّنَّتْ

*Kan inni if biraa kaasee baase,

قَالُوا مَا هَذَا إِلَّا سِحْرٌ

مُفْتَرٍ

36} *Nutu waan inni fide kana, zamana ab-
bootii teenyaa,ta dur keessatti hin dhag-
eenye je'an .

وَمَا سَمِعْنَا بِهَذَا فِي آبَائِنَا الْأَوَّلِينَ ﴿٣٦﴾

*Nabi muusan akki je'een rabbii kiyyaatu
beekha ,

وَقَالَ مُوسَى رَبِّي أَعْلَمُ

*Nama haqaan, qajeelo'oon, isa biraa dhu-
feefii,

بِمَنْ جَاءَ بِالْهُدَىٰ مِنْ عِنْدِهِ

*Nama manni faarfamaan, boodden gaarin,
addunya'aafii aakhira'atti isaaf toltu, rabbiin
ni beekha, sun anaa, kan haqa , booddee
toltu'utti nama geessun isinitti dhufe,

وَمَنْ تَكُونُ لَهُ عَاقِبَةُ الدَّارِ

37} * Kaafirri abaduma hin milkaayuu.

إِنَّهُ لَا يُفْلِحُ الظَّالِمُونَ ﴿٣٧﴾

*Firkgawna ummata isaatin akki je'e: yaa warm malaa,

وَقَالَ فِرْعَوْنُ إِنِّي مَلَأُ

*Na malee rabbii biraa isiniif jiraatuu hin beekhu firkgawna ni kijiba malee, akka inni sami'iifii dachii lubbuu isaatuu ummata isaa inni hin uurnin, ni beekha, ammoo {firkgawna} eega bara afurtarnaatii, akki je'ee ummata isatti kijibe, an rabbii keessan kan irra gudda'aati je'e, duuba an rabbii biraatu isinii jiraa hin beyne je'eeti waziira yookaa qondaala isaa, kan haamaan isaan je'aniin, akki je'e:

مَا عَلِمْتُ لَكُمْ مِنْ إِلَهٍ غَيْرِي

*Yaa haamaan bordoda manaan jaaran na gubii,

فَأَوْقَلِي يَنْهَمْنُ عَلَى الظَّالِمِينَ

*Mana dheeraa naa jaari,

فَأَجْعَل لِي صَرْحًا

* Akkan, rabbii muusan isaatu na erge je'u kanatti bayu,

لَعَلِّي أَطَّلِعُ إِلَى إِلَهِ مُوسَى

38} *Inni, rabbii biraatu jiraa , isaatu na erge , je'uun kijiba isaatin seyaa, inni warra kijiburraa tayu'uun yaadaa.

وَإِنِّي لَأَظُنُّهُ مِنَ الْكَاذِبِينَ ﴿٣٨﴾

*Akkassitti firkgawnaafii, ashkarri isaa biyya misraa keessatti if guddisan ,

وَأَسْتَكَبرُ هُوَ وَجُنُودُهُ فِي الْأَرْضِ

*Haqaan male'etti,

بِغَيْرِ الْحَقِّ

39} *Isaan waan du'anii, gama keenya deebi'anii. waan isaan dalaganirraa, isaan hin gaafanne seyan .

وَطَنُوا أَنَّهُمْ إِنِّي لَأُرْجِعُهُمْ ﴿٣٩﴾

*Duuba isaan jallina keessa wasana baanan, isaafii ashkara isaa qabnee,

فَأَخَذْنَاهُ وَجُنُودَهُ

*Baharitti isaan darbinee dhuman,

فَنَبَذْنَاهُمْ فِي الْيَمِّ

40} *Mee akka boodden warra rabbitti ballessee taate laali, akka isaan itti badan.

فَانظُرْ كَيْفَ كَانَتْ عَاقِبَةُ الظَّالِمِينَ ﴿٤٠﴾

*Onna san matootii kufaarati addunya'arratti goone,

وَجَعَلْنَاهُمْ أَيْمَةً

*Kanneen gara ibiddaa nama yaaman rabbitti waa qindeessu'uun, waan rabbin tayin ibaadu'utti nama yaamu'uun,

يَدْعُونَ إِلَى التَّنْكَارِ

41} *Guyyaa qiyaama'aa hin gargaaraman isaan tumsa azaaba isaanirraa deebisuu hin dandayan .

وَيَوْمَ الْقِيَامَةِ لَا يَنْصُرُونَ ﴿٤١﴾

*Ummata firkgawnaa san addunyaa tana keessatti, abaarsan, takkaayuu xiqqeenyan, isaan fufne, yookaa darbanne
42} *Isaan guyyaa qiyaama'aa warra akkaan fokkifame, fuulli gorrachurnu'uun rahgmatarraa fageeffamu'uun .

*Dhugumaan muusa'aaf, kitaaba towraat je'amu kenninee jirra,
*Eega ummata hedduu isa duma kan akka ummata nuuhg, huud, thamu ud fin'ee,
*Kitaaba qalbii namaa ibsu,

*Kan nama waan inni je'etti dalage, karaa gaarii qajeelchu,
*Kan warra isatti amaneef rahgmata qabu,

43} *Akka isaan gorfamaniif, akka isaan waan irraanfatan yaadataniif.

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad ati gara yookaa laga rabbiin muusaa itti dubbise san maddii gama lixa yookaa dhiya muusa'atti hin argamne,
*Hoggaa nuti muusaa dubbifuee firkgawnatti ergini,

44} * Ati waan achitti argame dubbii muu-

sa'aafii Rabbi jiddu'utti argamte hin agarre, tanaaf jecha, waan dabre kan ummata keetii odeessitu ati if biraa kaaftte akka argametti odeessuu hin dan-deessu, wanni ati odeessitu waan yaroo fagoo keessatti argamee ati gaafas achin jirtuu.

*Haa tayuu nuutu eega nabi muusa'aatii, ummata hedduu uumnee, fin nee
*Zamanni dheeratee shariaa muusa`aa

irraanfatan, zamanni dheeran irra dabruu keessa, kaan darbanii, kaan itti ida'anii, kaan jirjiirani, dhuga'aafii kijiba walitti makanii, hayn'i wallaa lame, hoggaa san haqa mul'isu'uu jecha si erginee waan argame sii odeessine akka argametti,

* Ati biyya madyan taa'uu hin turre ,

وَاتَّبَعْنَاهُمْ فِي هَذِهِ الدُّنْيَا لَعْنَةً

وَيَوْمَ الْقِيَامَةِ هُمْ مِنَ الْمَقْبُوحِينَ ﴿٤٢﴾

وَلَقَدْ آتَيْنَا مُوسَى الْكِتَابَ

مِنْ بَعْدِ مَا أَهْلَكْنَا الْقُرُونَ الْأُولَىٰ

بَصَائِرَ لِلنَّاسِ

وَهُدًى

وَرَحْمَةً

لَعَلَّهُمْ يَتَذَكَّرُونَ ﴿٤٣﴾

وَمَا كُنْتَ بِجَانِبِ الْعَرَبِ

إِذْ قَضَيْنَا إِلَىٰ مُوسَى الْأَمْرَ

وَمَا كُنْتَ مِنَ الشَّاهِدِينَ ﴿٤٤﴾

وَلَكِنَّا أَنْشَأْنَا قُرُونًا

فَطَاوَلْ عَلَيْهِمُ الْعُمُرُ

وَمَا كُنْتَ تَأْوِيًّا فِي أَهْلِ مَدْيَنَ

*Kan waan achitti agarte oduu shukgeybifii intala isaatifii, rnuusa'aa san, warra makkaratti qaraatu, karaan waan warra makkaratti qaraatu beeyten achitti argamu'uunii mitii ,

تَنَلُّوا عَلَيْهِمْ أَيَّدِينَا

45} *Haa tayuu nuutu si ergee , quraana

وَلَنَكُنَّ كُنَّا مُرْسِلِينَ ﴿٤٥﴾

oduu warra dur qabu, sirratti buusee waan san beytee, waan san isaanirratti qaraata, odoo nuti si erginee qur'aana sirratti buusuu baannee, waa takka odeessu'uuf hin dandeessu.

* Ati yaa ergamaa kiyya Muhammad ,gagara{xuur} je'amu bira hin jiraachuu hin turre .

وَمَا كُنْتَ بِجَانِبِ الطُّورِ

*Waytii muusaa yaamnee kitaaba { towraat

إِذْ نَادَيْنَا

raat} jabeessii qabadhu jenneen, hoggaa nama torbaatamaan wajji {towraat} fudhatu'uu dhufe, nabi muusan ergamu'uufii towraat argatuujidduu bara afurtamaatu jira, waan dubbanne san hunda qaama keetin bira hin jirtu ,

*Haa tayuu nuutu si erge, si uddisu'uuf, rahgmata rabbii keetirraa akka argattuuf, akka gabroota kiyya hundaaf ,rahgmata rabbii keetii taatuf

وَلَكِن رَّحِمَةٌ مِّن رَّبِّكَ

*Akka ummata si dura, namni ittin ergamin

لِنُنذِرَ قَوْمًا مَّا أَتَاهُمْ مِن نَّذِيرٍ مِّن قَبْلِكَ

sodaachiftee qajeelchituuf, isaan warra addunya'aati waan siifii nabi kgiisaa jidduu hanga bara dhibba jahaa ergaan rabbii ittin dhufiniif, takkaa isaan warra makkaati waan nabi ismaakgiil booda ergaan itti hin dhufiniif,

46} ·Akka gorfamanii, qajeelaniif, isaanitti si ergine.

لَعَلَّهُمْ يَتَذَكَّرُونَ ﴿٤٦﴾

*Odo sababaa kufrii isaanitiif sababaa waan isaan harka isaanitiin dalaganii dabarsaniifbalaan isaan tuyxee,

وَلَوْلَا أَن تُصِيبَهُم مُّصِيبَةٌ مِّمَّا قَدَّمْتْ
أَيْدِيهِمْ

*Duuba yaa rabbii keenya maalif nama nu qajeelchu nuun ergin,

فَيَقُولُوا رَبَّنَا لَوْلَا أَرْسَلْتَ إِلَيْنَا رَسُولًا

*Akka aayata kee jala deemnee

فَنَنْبِئَ عَآيَاتِكَ

47} *Warra amanerraa taanujechuu baatt-

وَنَكُونُ مِنَ الْمُؤْمِنِينَ ﴿٤٧﴾

anii silaa ergaa isinitti hin erginuu, hoggaa isin kafartan, daddafneeti isin qixaan'a yookaa balaa isinitti buufna duuba akka isin akkas hin jen neef, akka

waan himattan dhabdaniif, isinitti erginee, karaa hama'aafii i gaarii addaan isinii baafne.

*Duuba hoggaa hayni warra makkatti dhufu, hayn'i nabi muhammadii, kan qu r'aanni haqa ibsu irratti bu'e,

فَلَمَّا جَاءَهُمُ الْحَقُّ مِنْ عِنْدِنَا

*Maalif Muhammad waan akka muusan

قَالُوا لَوْلَا أَوْتِيَتْ مِثْلَ مَا أُوتِيَ مُوسَىٰ

kennamee hin kennamin? maalif mukgj-izaa akka harkaa takka, ule'ee, takkaa maalif qur'aanni bakka takkaa hin bu'un, akka towraat bakka takkaa bu'etti je'an duuba rabbiin akki je'e :

*Si isaan si dura waan muusan kennametti kafaranii hin jirani? .

أَوَلَمْ يَكْفُرُوا بِمَا أُوتِيَ مُوسَىٰ مِنْ قَبْلُ

*Ormi kuffaaraa sun wanni je'an muusa-aafii muhammad falfaloota lama,

قَالُوا سِحْرَانِ

*Wal gargaaranii, falfala dhufaniin keessatti

تَظَاهَرَا

wal dhugo'oomsan je'an, wanni akkana je'a orma arabaa kan kuffaara makkaatu ergaa ulamaa yahuudi'itti erganii mee uhammadirraa nuu odeessaa je'aniin, jennaan ulamaan yahuuda'aa onna arabaatin mu hammad, kanuma muusan itti amanaaje'ee nuu dhaame, kan {towraat} keessatti dubbatame je'een, hoggaa san kuffaari makkaa muusa'aafii muhammad falfaloota lamaaje'anii

48} *Ammas akkije'an: nuti muusa'aafii, muhammaditti towraatifii, qur'aanatti kafarre je'an .

وَقَالُوا إِنَّا بِكُلِّ كَافِرٍ

*Duuba wanni isaanin jettu mee kitaaba biraa, rabbii biraa fidaa,

قُلْ فَأْتُوا بِكِتَابٍ مِّنْ عِنْدِ اللَّهِ

*Kitaaba towraatifii qur'aanarra qajeela'aa

هُوَ أَهْدَىٰ مِنْهُمَا

*Yoo kitaaba akkasii fiddan jalan deemaa,

أَتَّبِعُهُ

49} *Yoo waan jettan keessatti kan dhugaa dubbattan taatan .

إِنْ كُنْتُمْ صَادِقِينَ

*Duuba yoo kitaaba akkasii fidu'uun dubbii siin deebisin, yon fiduu dadhaban,

فَإِنْ لَّمْ يَسْتَجِيبُوا لَكَ

*Isaan haqa jala hin deemanii waan nabseen isaanii jaalattu jala deemanii beekhi,

فَاعْلَمْ أَنَّمَا يُبْعِثُونَ أَهْوَاءَهُمْ

*Nama waan nabseen isaa jaalattu jala deeme,

وَمَنْ أَضَلُّ مِمَّنْ اتَّبَعَ هَوَاهُ

*Qajeelloo rabbiitin maleetti akkanumatti if biraa kaasee, waan lubbuun isaa jettu dalaga'arra oolcherra eenyutu jalla'a ? namni

بِغَيْرِ هُدًى مِّنْ اللَّهِ

isarra jalla'aa hin jim jachu'

50} *Rabbiin warra kara'arraa maqee kafare karaa haqaa hin qajeelchu .

إِنَّ اللَّهَ لَا يَهْدِي الْقَوْمَ الظَّالِمِينَ ﴿٥٠﴾

*Dhugumaan dubbii addaa isaanii babaa-fnee, qur'aana nabi muhammadirratti isaanii buufnee,

﴿ وَقَدْ وَصَّلْنَا لَهُمُ الْقَوْلَ ﴾

51} *Akka isaan gorfamanii, amananiif.

لَعَلَّهُمْ يَنْذَكُرُونَ ﴿٥١﴾

*Warri qur'aana dura.kitaaba isaanii ken-

الَّذِينَ آتَيْنَاهُمُ الْكِتَابَ مِنْ قَبْلِهِ

nine, isaan warm habasha'aa,nama afurtamaa kan jakgfar ilma abii xaalibiin wajji amananii habasha'arraa dhufanii, orma islaamaa, kan hiyye ummaan itti jirtu garraan, nabi muhammadiin horii biyyaa qabnaa deebineeti finnee orma islaamatiin gargaarraa, iznii nuu godhi je'anii, deebi'anii, fidanii gargaaran, duuba jarri kuniifii jarri nasgaara'aa kan biraa, ammallee ormi yahuuda'aa kan akka abdullaahii binu salaamifii jaallowwan isaa,

52} *Isaan qur'aana kanatti ni amananan .

هُمْ بِهِ يُؤْمِنُونَ ﴿٥٢﴾

*Hogga qur'aanni isaanirratti qara'ame,

وَإِذْ آتَيْنَاهُمْ

*Itti amanne je'an ,

قَالَوَأَمْتَابِهِ

*Qur'aanni kun haqa rabbii keenyarraa dhufe,

إِنَّهُ الْحَقُّ مِنْ رَبِّنَا

53} *Nutu odoo qur'aanni hin bu' in akka inni nabi Muhammadii sifti isaa akkana ratti bu'uudhaa taa'u, kitaaba keenya kees-satti beynee, amannee, garraan iimaa na ida'annee je'an .

إِنَّا كُنَّا مِنْ قَبْلِهِ مُسْلِمِينَ ﴿٥٣﴾

*Duuba jarri sun, galata yookaa sawaaba lama kennaman,waan kitaaba lachuttuu amananiif,

أُولَئِكَ يُؤْتُونَ أَجْرَهُمْ مَرَّتَيْنِ

*Waan iimaanarratti obsaniif jecha misaan

بِمَا صَبَرُوا

waa lamarratti obsan : tokko: cingii kufTaara arabaati , tokko cingii yahuuda'aa ,takkaa nasgaara'aati, kanneen isaan amantii isaanii dhiisa nii, islaamoynaan, akka hama'atti isaan cingaan, kanuma kitaaban isaanii, anbiyoonni isaanii yoo muhammad ergame,diin keessan dhiisa'aa itti amanaa je'ee, isaan gorse,

*Isaan amananan sun ni deebisan ,

وَيَدْرُءُونَ

*Waan gaari'in, waan hamtuu deebisan yoo namni waan hamtuu isaanin je'e ,isaan gaarii je'an,yoo diliin isaanirraa argamte, dafaniiti towbatanii waan gaarii dalagan,

54} *Waan nuti isaanii kenninerraa sadaqaa baafatanii haajamaa gargaaran .

*Warri amane sun hoggaa waan akka arrabaa dhagayan, akka kuffaarri gowwumma'aaf diin keessan dhiifan isaanin je'uufaa, hoggaa dhagayan ,

*Nama isaan arrabsu san, hin arrabsanii, irraa gara galaniiti,

*Nutu dalagaa teenya qabnaa, isinis dalagaa teessan qabdan ,

*Nutu nagaya nurraa argattan, arraba keenyafii waan birarralle'een is in hin tuynuu nagaya nurraa argattan,

55} *Nutu warra waan beyne wajji jiraatuu

بِالْحَسَنَةِ السَّيِّئَةِ

وَمَمَّا رَزَقْنَاهُمْ يُنفِقُونَ ﴿٥٤﴾

وَإِذَا سَمِعُوا اللَّغْوَ

أَعْرَضُوا عَنْهُ

وَقَالُوا لَنَا أَعْمَلْنَا وَلَكُمْ أَعْمَلُكُمْ

سَلَامٌ عَلَيْكُمْ

لَا تَبْنِئِ الْجَاهِلِينَ ﴿٥٥﴾

hin barbaannuu, nagayatti je'aniin, nabi muhammad adeerri {abbeeran isaa} abii xaalib kan isa guddisee rakkoo hunda wajjiin ba'atee, waan hundaan bira dhaabbate islaamayuu isaaf jaalalaaf jaatanii jabduu goonan yookaa yaa-ddoynaan, rabbii akki je'een.

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad ati nama qajeeluu isaa jaalattu, qajeelchuu hin dandeessu ,qajeelloo nama keessatti uumuu hin dandeessu ,

*Haa tayuu kan qajeelloo nama keessatti uumee, nama qajeelchu rabbii tokkicha, 56} * Rabbiin warra qajeelufii , kaan, adda beeka hunda katabeeti dabarsee jiraa .

*Kuffaarri makkaa wanni nabiin jee yaa muhammad akka diin kee haqa taye ni beynaa haa tayuu yoo diin kee kanatti seennee si jala deemne, arabaan wal dhabnaa gaafas,

*Biyya teenya tanarraa buqqifamnee darbamna je'an, jennaan rabbi in akki je'e

*Si nuti makka biyya itti if amanan isaanii hin goonee, kan lola .rabshaa.biyya birraa

إِنَّكَ لَا تَهْدِي مَنْ أَحْبَبْتَ

وَلَكِنَّ اللَّهَ يَهْدِي مَنْ يَشَاءُ

وَهُوَ أَعْلَمُ بِالْمُهْتَدِينَ ﴿٥٦﴾

وَقَالُوا إِنَّا تَبِعْنَا هُدَىٰكَ

نَحْنُ نَحْطِفُ مِنَ الْأَرْضِ

أَوْلَمْ نُمَكِّنْ لَهُمْ حَرَمًا آمِنًا

keessatti argamurraa if amanan, kan arabni hundi makkatti duulu'uuffii achitti nama mi-idhun hin gayuu yaadu,

*Kan midhaan waa hundaa biyya hundaa itti yaa'u yookaa fa'amee fidamu

*Ifuma teenya biraa isaan razaqnee isaan jiraajisuuu jecha, tola isaanii oollee ,duuba

يُجِبِّي إِلَيْهِ ثَمَرَاتُ كُلِّ شَيْءٍ

رِزْقًا مِّنْ لَّدُنَّا

akkamitti nama soda'aaf diin rabbi akkatti isaanii toletti seenuu didan? mee bitti isaanii sun tan gaafa isaan kuffaaraa nagaya argattee rizqii helte, gaafa isaan rabbii akkas isa anii godhe sanitti amanan, akkamiin nagaya ammallee rizqii dhabdi ?hin dhabdu jechuu,

57} *Haatayuu irra hedduun isaanii akka wannijenne haqa taye, hin beekhan.

وَلَكِن أَكْثَرُهُمْ لَا يَعْلَمُونَ ﴿٥٧﴾

*Warra biyyaa meeqaatamiitu jira kanneen nuti lafarraa fin'e,

*Kanneen jiruu isaanii keessatti quufa nii, galata rabbiif galchuu dhiisanii, kafaran,

*Kunoo manneen isaanii kan sababaa kufrii isaanitiifirraa dhumanii, one,

*Nama yookaa mana xiqqaa malee hedduun keessan qubatannee onumaatu taa'a sanuu warra imaltuu yaa'utu guyyaa tokko, takkaa cinaa guyyaadhaa keessa qubata,

58} *Manneen jarri sun,irraa dhume san, nuutu isaanirraa dhaale .

وَكَمْ أَهْلَكْنَا مِن قَرْيَةٍ

بَطَرَتْ مَعِيشَتَهَا

فَإِنَّكَ مَسْكُونُهُمْ

لَمْ تَسْكُنْ مِنْ بَعْدِهِمْ إِلَّا قَلِيلًا

وَكُنَّا نَحْنُ الْوَارِثِينَ ﴿٥٨﴾

*Rabbiin kee kan biyyoota, yookaa warra biyyaa fixu hin taane, sababaa isaan ball-eessa dalaganiif ,

*Hanga mandara biyya sanii, guddaa kees-saa ergamaa isaa tokko, isaanitti ergee, isaan gorsutti ,

*Kan aayata keenya, qur'aana irratti qara'u .

وَمَا كَانَ رَبُّكَ مُهْلِكَ الْقُرَىٰ

حَتَّىٰ يَبْعَثَ فِي أُمَمٍ رَسُولًا

يَنبِئُوا عَلَيْهِمْ آيَاتِنَا

59} *N uti biyya tokkollee hin balleessinee, yoo warri biyya sanii, waan rabbiin irraa dhoowwe balleessee if miidhe malee, nabiyyii Rabbiin isaanitti erge khijibsii-sanii, rabbitti kafaranii .

وَمَا كُنَّا مُهْلِكِي الْقُرَىٰ إِلَّا وَأَهْلُهَا

ظَالِمُونَ ﴿٥٩﴾

*Wanni isin addunyaa tana keessatti arga-

وَمَا أُوْتِدْتُمْ مِنْ شَيْءٍ

ttan hori'iifii waan birarraa,

*Waan xiqqoo jiruu addunya'aa tana keessatti ittin qanani'anii, boonaniini hanga jiran , eegasii wanni sun ni dhabamti,

*Sawaabni Rabbii , isa, kan namaa irra caalu isa, kan faaya addunya'aa hundarra namaaf hafu, wanni addunya'arraa namni argatu, yoo halaal taye, irraa gaafatama yoo haraam taye ,itti yakkama yookaa qixaxama ,

60} *Si ayli'iin laaltanii, waan hafaatu, waan dhabamarra caalaa hin beytanii?

*Si namni nuti jannata isaaf kennuu baallama seennef,

*Kan inni waan san argatu'uu taa'u .

* Akka nama faaya addunya'aatin qananiifuee waa xiqqo booda irraa deemee dhaabee?

61} *Kan namni sun, eegasii, guyyaa qiya-

ama'aa, azaaba ibiddaatiffidamu? akka tokkoo kan rabbiinjannata isaa kenne'uuf baa llama seenef mu'mina, kan azaabni qopheeffameef kaafira, duuba mu'minaafii kaafirri wal qixaa? wal qixaa miti jechu'u.

*Guyyaa rabbiin kuffaara, warra namaan rabbi je'e.yookaa jinni'iin, takkaa mukaan rabbi je'ee ibaadu dubbisu dubbadhu, sun guyyaa qiyaarna'aatii,

*Rabbiin wanni isaanin je'u

62} *Mee wanni isin shariika, yookaa qixxee teeti jettanii naa achitti gabbartan ees-sajiran?

*Warri azaabni itti murame, matootin warrajallatee akkajettu;

*Yaa rabbii keenya jarri kun isaan nuti allifne,

*Akkuma jallannetti isaan jallifne dirqiidhan isaan hin jallifneejallina keenya itti odeessinaa numaa akka nuti jallannetti jall-

فَمَتَعَ الْحَيَوَةَ الدُّنْيَا وَزَيَّنَّا لَهَا

وَمَا عِنْدَ اللَّهِ خَيْرٌ وَأَبْقَى

أَفَلَا تَعْقِلُونَ ﴿٦٠﴾

أَفَمَنْ وَعَدْنَاهُ وَعَدًا حَسَنًا

فَهُوَ لَقِيهِ

كَمَنْ مَنَعْنَاهُ مَتَاعَ الْحَيَوَةِ الدُّنْيَا

ثُمَّ هُوَ يَوْمَ الْقِيَامَةِ مِنَ الْمُحْضَرِينَ ﴿٦١﴾

وَيَوْمَ يُنَادِيهِمْ

فَيَقُولُ

أَيْنَ شُرَكَاءِ الَّذِينَ كُنتُمْ تَزْعُمُونَ ﴿٦٢﴾

قَالَ الَّذِينَ حَقَّ عَلَيْهِمُ الْقَوْلُ

رَبَّنَا هَاتُوا لَنَا الَّذِينَ

أَعْوَيْنَا أَعْوَيْنَاهُمْ كَمَا غَوَيْنَا

atan, waan nuti maraxanne marxatanii yoo-
kaa filatanii nuti jallinatti isaan hin dirqinee
*Nutu isaanirraa qulqullooyuu siin geenye,
yaa rabbii keenya,

63} *Jarri sun nun ibaadu, nun gabbaru,
waan nabseen isaan jaalattu ibaadan malee.

*Wanni isaan je'amu mee asnaama rabbitti
qindeessitanii gabbartan, kan nu shafa'an
jettan, yammadhaa, isaanin je'ama,

*Duuba yaammannaan, waa takka, waan
dirmateefii, azaaba isaanirraa deebisu
dhaban

* Ammoo azaaba if maddi'itti argan,

64} *Odo addunya'atti qajeelanii silaa aza-
aba ibiddaa kana hin argan, tanaaf odoma
qajeellee, je'anii sheenyan , waytii sheenan
hin fayyanne.

*Guyyaa rabbiin orma kuffaaraa yaamee
dubbisu dubadhu, wanni je'uun:

65} *Orma anbiyootaa, kan an isinitti erge
kanneen diin kiyatti isin yaaman, maalin
jalaa owwaattan takkaa deebiftaniif ? did-
da'aanimoo, qeebalu'uun: je'aan

*Duuba gaafas waan rabbiif deebisan kan
isaan baasu dhaban, dhama'anii,

66} *Isaan dhama'uu keessa maal deeb if-
naa je'anii wal hin gaafatanii, numa cal'isan

*Ammoo namni kufri'irraa deebi'ee. Arna-
nee , waan gaarii dalage,

67} *Inni warra milkaaye, tayuun qurxi'i.

*Rabbiin kee waan fedhe uumaa waan fe-
dhe maraxata yookaa filata,

*kuffaarri filannaan qabu nama tokko na-

biyyii godhee erguun ,ummata tokko, tokkorra caalchisuun, tokko dursee to-
kko booda aansun , dalagaa khaaliqaati, gabroonni waan rabbiin fedhe malee
waa fedhuu, yookaa maraxatuu hin dandayan, takaayu,u h in qaban, ' .

تَبَرَّأْنَا إِلَيْكَ

مَا كَانُوا إِتَانًا يَعْبُدُونَ ﴿٦٣﴾

وَقِيلَ ادْعُوا شُرَكَاءَكُمْ

فَدَعَوْهُمْ فَلَمْ يَسْتَجِيبُوا لَهُمْ

وَرَأَوْا الْعَذَابَ

لَوْ أَنَّهُمْ كَانُوا يَهْتَدُونَ ﴿٦٤﴾

وَيَوْمَ نُنَادِيهِمْ فَيَقُولُ

مَاذَا أَجَبْتُمُ الْمُرْسَلِينَ ﴿٦٥﴾

فَعَمِيَتْ عَلَيْهِمُ الْأَنْبَاءُ يَوْمَئِذٍ

فَهُمْ لَا يَتَسَاءَلُونَ ﴿٦٦﴾

فَأَمَّا مَنْ تَابَ وَآمَنَ وَعَمِلَ صَالِحًا

فَعَسَىٰ أَن يَكُونَ مِنَ الْمُفْلِحِينَ ﴿٦٧﴾

وَرَبُّكَ يَخْلُقُ مَا يَشَاءُ وَيَخْتَارُ

مَا كَانَ لَهُمُ الْخِيَرَةُ

68 *Rabbiin waan kuffaarri rabbi je'ee isatti qixxeessurraa qulqullaaye rabbiin fakka-ataa hin qabu

*Rabbiin kee waan gabroonni isaa gara'atti qabatu hunda, kufrii tayuu iimaana tayuu ni beekha,

69} *Waan isaan arrabaan je'anii mull'isan hunda beekha.

*Rabbiin kan isa malee, Rabbiin biraa hinjirre,

*Faarun addunyaa tanarratti tan rabbiiti,

* Jannata keessattis faarun tan isaati namni faaruu haqa godhatu addunya'aafii aakhir-a'atti ammaafii boodatti rabbi malee hin jiru ,

*Waa hunda keessatti, firidiin ta rabbiiti

70} *Hundi keessan ,eega duutanii, kaafamtaniiti gara rabbi deeffamtan.

*Mee gartanii naa odeessaa je'iin,

*Yoo rabbiin addunyaa hunda walitti dhaabee, halkanuma qofa godhe,kan hin bariine

*Hanga guyyaa qiyaama'atti

*Mee rabbiin biraa eenyu kan guyyaa ifaa isinii fidee, akka dalagatuu dandeessan isin godhu,

71} *Si waan isiniin jennu kana dhagees-sanii gorfamtanii, waan rabbiin tayin gabbaru'urraa hin dhaabbattanii ? hin deebitani ? ji'iin .

*Ammas akki jettuun mee naa odeessaa? yoo rabbiin guyyaa zalaamii isinirraa teessise kan hin dhiine,

*Hanga guyyaa qiyaama'atti

سُبْحَانَ اللَّهِ وَتَعَالَى عَمَّا يُشْرِكُونَ ﴿٦٨﴾

وَرَبُّكَ يَعْلَمُ مَا تُكِنُّ صُدُورُهُمْ

﴿٦٩﴾ وَمَا يَعْلَمُونَ

وَهُوَ اللَّهُ لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ

لَهُ الْحَمْدُ فِي الْأُولَى

وَالْآخِرَةِ

وَلَهُ الْحُكْمُ

﴿٧٠﴾ وَإِلَيْهِ تُرْجَعُونَ

قُلْ أَرَأَيْتُمْ

إِنْ جَعَلَ اللَّهُ عَلَيْكُمُ التِّلْكَ سَرْمَدًا

إِلَى يَوْمِ الْقِيَامَةِ

مَنْ إِلَهٌ غَيْرُ اللَّهِ يَأْتِيكُمْ بِضِيَاءٍ

﴿٧١﴾ أَفَلَا تَسْمَعُونَ

قُلْ أَرَأَيْتُمْ إِنْ جَعَلَ اللَّهُ عَلَيْكُمُ النَّهَارَ

سَرْمَدًا

إِلَى يَوْمِ الْقِيَامَةِ

*Eenyu mee namni rabbii hin tayin kan halkan isinii fidu?

*Kan isa keessatti dalaga'arraa hara baa fattan,

72} *Si badii is in keessa jirtan tan hin agartanii ? Rabbitti waa qindeessu'urraa hin deebitanii ?

*Rabbiin keessan waa heddu'uun rahgmata isinii godhe , rahgmata isarraa halkanii

* Akka halkan keessa hara baaffataniif,

*Akka guyyaa keessa deemtanii dalagattaniiif,

73} *Akka waan rabbiin halkanii guyyaa keessatti isiniin qananiiserratti,g alata isaaf galchitaniif.

*Guyyaa rabbiin orma kuffaaraa yaamee

*Isaanin je'u:

74} *Wanni shariika kiyya yookaa qixxee rabbiiti jettanii ibaaddan,eessa jira je'uun dubbadhu,sun guyyaa qiyaama'aatii.

*Guyyaa ummata hundarraa fuunu, raga isaan keessaa baafnee fuunu sun nabiiyyii ummata hundaatii, kan waan um manni sun je'een ragaa itti bayu,

*Duuba warra rabbitti waa qindeesan mee ragaa keessan, waan jettanirratti ra bbiin hiriya qaba jechuu keessanirratti fidaa, duuba ragaa dhabanii,

*Hayn'i ka Rabbiitii beekhanii, rabbii tokkicha malee,wanni ibaadaa, yookaa gabbaruu haqa godhatu hinjiruu beekhanii

*If biraa dhaban,

75} *Waan Rabbi jeanii ibaadan warri kgi-isa'aan rabbi je'ee ibaadu, kan uzeyrin rabbi je 'ee gabbaru, kan oduu,dhagaa, jinnii, gabbaru hundi wanni gabbaruu ture ,san, du-

مَنْ إِلَهَ غَيْرَ اللَّهِ يَأْتِيكُمْ بَلِيلٍ

تَسْكُنُونَ فِيهِ

أَفَلَا تَبْصُرُونَ ﴿٧٢﴾

وَمِنْ رَحْمَتِهِ جَعَلَ لَكُمُ اللَّيْلَ وَالنَّهَارَ

لِتَسْكُنُوا فِيهِ

وَلِتَبْتَغُوا مِنْ فَضْلِهِ

وَلَعَلَّكُمْ تَشْكُرُونَ ﴿٧٣﴾

وَيَوْمَ يَأْتِيهِمْ

فَيَقُولُ

أَيْنَ شُرَكَاءِ الَّذِينَ كُنْتُمْ تَزْعُمُونَ ﴿٧٤﴾

وَنَزَعْنَا مِنْ كُلِّ أُمَّةٍ شَهِيدًا

فَقُلْنَا لَهُمْ إِنَّا بَرُّهُنَّكُمْ

فَعَلِمُوا أَنَّ الْحَقَّ لِلَّهِ

وَضَلَّ عَنْهُمْ

مَا كَانُوا يَفْتَرُونَ ﴿٧٥﴾

raa baddee rabbii tokkicha isa uume malee ni dhabe.

*Namicha {qaaruun} je'amu ummata muusa'arraayi nama isatti amane, ilma adeera isaatiffii, haboo yookaa indooyee isaati , kan towraat akkaan beekhu,

*Duuba muusa'aaffii, haaruuniffii, ummata isatti if guddise, hori'iiffii beekkomsaaffii waan biralle'een

*Qaaruunif horii guddaa kenninee jirra,

*Horii furaan isaa heddommina keessa,

*Ulfaatee dadhabsiisu,

*Jamaa'aa yookaa tuuta heddu'utti ulfaatu,

*Warra akkaan human qabu hedduutti ulfaatu akka je'anitti, furaa, yookaa miftaahga, manneen, yookaa bakka horiin isaa kaayamuun gaangee jajjabdu torbaatamaatu ba'ata je'an,

*Gaafa ummanni qaaruun qaaruunin je'e dubbadhu, isaan banii isaa'iilii , wanni isaan je'aniin,

*Hori'iin hin gammadin, isaan dhaaddattee, namattiin boontee je'aniin, ammoo horii aakhira'arratti si gargaaru ,argatu'uuf gammaduun kan akka horii liqii ifirraa galchituun argatu'uuf gammadu'uu, sun homaan qabu,

76} *Rabbiin warra karaa malee gammadu hin jaalatuu je'aniin, ammas wanni je'aniin.

*Horii rabbii sii kenne kanaan, mana aakhiraa barbaadi, horii kee kana karaa rabbiin jaalatutti fedhutti baasu'uun ,

*Addunya'arraa qooda kee hin dhiisinii

﴿ إِنَّا قَدَرْنَا مَا كَانُوا مِنْ قَوْمٍ مُّوسَىٰ

فَبَعَثْنَا عَلَيْهِمْ

وَأَرْسَلْنَا مِنْ الْكُفْرَةِ

مَا إِنَّ مَفَاتِحَهُ

لِنُنَوِّئَ

بِالْعَصْبَةِ

أُولَى الْقَوَّةِ

إِذْ قَالَ لَهُ قَوْمُهُ

لَا تَفْرَحْ

﴿ إِنَّ اللَّهَ لَا يُحِبُّ الْفَرِحِينَ ﴾ (٧٦)

وَأَبْتَغِ فِي مَاءِ آتَاكَ اللَّهُ الدَّارَ الْآخِرَةَ

وَلَا تَنْسِكْ نَصِيبَكَ مِنَ الدُّنْيَا

fudhu waan addunya'arraa aakhiratti si wajji galu, kan sinqii sii tayuu hin irraanfatinii, dalagadhu, qoonni namichaa hoggaa du'e kafanaaffii sa waaba waan hanga jiru dalagateeti, wanni kuun qooda isaatii mitii, ammas wanni je'aniin,

*Tola namaa ooli, sadaqadhu, haajamaa haajaa baasi , rakkataa horii keetin furi ,

وَأَحْسِنَ

*Akka rabbiin tola sii oolee sitti bal'isetti,

كَمَا أَحْسَنَ اللَّهُ إِلَيْكَ

*Cubbuu yookaa dilii dalaydee dachii balleessuu hin barbaadin,

وَلَا تَتَّبِعِ الْفَسَادَ فِي الْأَرْضِ

77} *Rabbiin warra waa balleessu hin jaalatuu .

إِنَّ اللَّهَ لَا يُحِبُّ الْمُفْسِدِينَ ﴿٧٧﴾

*Akkasitti gorsinaan akki je`ehorii kana

قَالَ إِنَّمَا أُوتِيْتُهُ عَلَىٰ عِلْمٍ عِنْدِي

sababaa beekkomsan an qabuuf, wanni an haqa godhadhuuf rabbiin naa kenne malee tola naa oolu'uufii miti je'e: inni beekkomsatti muusa'a affii haaruun malee kan isa caalu hin jiru, banii israa'iil keessaa, yaanni biraa akki je'u: wanni qaaruu je'e: horii kana beekkomsan an qabuunan argadhe jechu'uu je'a , wanni akkas je'eef akka je'anitti ; nabi muusan beekkomsa {kiimyyaa} je'amu harka sadiyirraa harka tokko {qaaruun} barsiise {Yuushakgis} sadiyirraa harka tokko barsiisee, {kaalabis} sadiyirraa harka tokko barsiise, duuba {qaaruun} waan jarri laamaan barates isaanirraa barateeti guuttatee hori'iin horu'utti seene, hanga dhaggaa meeta maaldaya ziqiya godhuu baree, quufetti, kan zakaa, sadaqaa, irraa baasee warra waan qabnen gargaari, waan rabbiin sitti bal'iseef jenna anin, horii kana beekkomsa kiyyaanin argadhe malee, wahi akkanumaan rabbiin naa kennee je'ee, nabi muusaa, nabiyumaa isaa jibu'uufii, haaruun imaama tayuu isaa jibbuu, nama tuffatuu itti fufee, gorsa fudhatuu dide ... duuba rabbiin akki je'e,

*Si qaaruu hin beynee,

أَوَلَمْ يَعْلَمَ

* Akka rabbiin warra isa dura dabrerreea fixe,

أَبَ اللَّهِ قَدْ أَهْلَكَ مِنْ قَبْلِهِ مِنَ الْقُرُونِ

*Nama humnaan isarraa jaba'aa ,

مَنْ هُوَ أَشَدُّ مِنْهُ قُوَّةً

*Kan isarra horii walitti qabuu heddommaatu, hin beynee? inni san ni beekha haa tayuu, sanumaan wajji badii san dalage,

وَأَكْثَرُ جَمْعًا

78} *Rabbiin hogga warra badaa qixaaxuu fedhe, badii isaan dalagan hin gaa fatuu , numa qixaaxa, waan dalagaa isaa nii beekhuuf jecha. akkasitti hisaabn malee ibidda seenan.

وَلَا يَسْتَلْ عَنْ دُوبِهِمُ الْمُجْرِمُونَ ﴿٧٨﴾

*Gaaf tokko qaaruu faayateeti , warra isa

فَخَرَجَ عَلَىٰ قَوْمِهِ فِي زِينَتِهِ

jala deemun wajji kan kum afur gayu ,kanneen isaanifii,wanni isaan yaab-
batan, ziqiyaafii, hariiran faayamte ummatatti bayan,kan mirga isaa gabroo-
nni dhiiraa dhibbi sadii, gama bita'aa gabroonni dubraa dhibbi sadii dhaab-
batu namatti mul'ate,

*Duuba warri ummata isarraa jiruu addu-
nya'aa fedhu akki jete;

*Odo addunyaa tan arratti, waan akka
qaaruun argatee argannee,

79} *Inni nama qooda guddaa argate je'an.

قَالَ الَّذِينَ يُرِيدُونَ الْحَيَاةَ الدُّنْيَا

يَلْبِثَ لَنَا مِثْلَ مَا أُوتِيَ قَوْمُ

إِنَّمَا لَدُوْحُ حَظِّ عَظِيمٍ ﴿٧٩﴾

*Jennaan warri waan rabbiin aakhira'atti
mu'minaaf qopheesse beekhu akki isaanin
je'e,

*Bada'aa akkana hin je'inaa

*Sawaaba rabbi jannata isaatitu jiruu, tak-
kaa waan gaaruun argaterra caalaa,

*Nama amanee waan gaarii dalageef,

* Jannata san hin argatu ,

80} Warra ibaada'arratti bese , dili'irraa ob-
se malee.

*Duuba qaaruun jallina keessa wasanaa
baanan,dachiidhan liqimsi jennee, dachiin
isa liq imsite akkasuma mana isaa kan ho-
riin isaa keessa jirus, dachiidhan liqi msi
jennee liq imsite,

*Duuba tuuta takka, tan isaaf dirnattee,
rabbii achitti azaaba rabbii isarra dhow-
witu, hin arganne,

81} * Ammallee lubbuu isaatin azaaba yo-
okaa badii ifirraa dhoowwu hin dan-
deenye.

*Hoggaa qaaruun badu, warri kale odo
waan akka gaaruun argatee argannee je'ee
hawwe,warri odo akka isaa taanee je'e
,wanni je'utti seenne,

*Way rabbiin abbaa fedheef gabroottan
isarraa rizgii hiree, itti bal'isa,

وَقَالَ الَّذِينَ أُوتُوا الْعِلْمَ

وَيَلْبِثْكُمْ

ثَوَابُ اللَّهِ خَيْرٌ

لِمَنْ ءَامَنَ وَعَمِلَ صَالِحًا

وَلَا يَلْقَاهَا

إِلَّا الصَّابِرُونَ ﴿٨٠﴾

فَنَسَفْنَا بِيَهُ وَبَدَارِهِ الْأَرْضَ

فَمَا كَانَ لَهُ مِنْ فِئَةٍ يَنْصُرُونَهُ مِنْ دُونِ اللَّهِ

وَمَا كَانَتْ مِنَ الْمُنتَصِرِينَ ﴿٨١﴾

وَأَصْبَحَ الَّذِينَ تَمَنَّوْا مَكَانَهُ بِالْأَمْسِ يَقُولُونَ

وَيَكَابُ اللَّهُ يَبْسُطُ الرِّزْقَ لِمَنْ يَشَاءُ مِنْ عِبَادِهِ

* Abbaa fedhetti rizq ii xiqqeessee itti rakkisa,

وَيَقْدِرُ

*Odoo rabbiin nuu rahgmatee, nu gananiisuu baatee,

لَوْلَا أَنْ مَنَّ اللَّهُ عَلَيْنَا

*Silaa akka gaaruunin cittetti dachiin nuun citti,

لَخَسَفَ بِنَا

82} *Way warri kafare, kan qananii rabbi morome hin milkaayuu, akka qaaruun taye taya ... rabbiin akki je'e,

وَيَكَاذِبُ، لَا يُفْلِحُ الْكَافِرُونَ ﴿٨٢﴾

* Jannata waan lubbuun feetu, keessatti argatan san

تِلْكَ الدَّارُ الْآخِرَةُ

*Warra if guddisuu hin feene, warra nama xiqqeessuu namatti roorrisuujiruu addunya'aa tana keessatti, namaa ol tayuu hin feenef,

بِجَعْلِهَا لِلَّذِينَ لَا يُرِيدُونَ عُلُوًّا فِي الْأَرْضِ

*Warra dilii dalagee nama ajjeesuu fa'aan lafa balleessuu hin feenef goone, takkaayuu uumne ,

وَلَا فَسَادًا

83} *Boodden gaarin, nama azaaba rabbi sodaadhaa je'ee dubbii rabbii dhagayuu fi .

وَالْعَقِيبَةُ لِلْمُنْفِقِينَ ﴿٨٣﴾

*Namni waan gaarii takkittii dalage sawaaba isi'irra caalu argata, yookaa kennama, sun waan gaarii takkittii dalagerratti, sawaaba yookaa galata, khudhan argatu'uu,

مَنْ جَاءَ بِالْحَسَنَةِ فَلَهُ خَيْرٌ مِنْهَا

* Ammoo namni dilii dalage,

وَمَنْ جَاءَ بِالسَّيِّئَةِ

*Warri hamtuu dalage sun, hin yakkamu,

فَلَا يُجْزَى الَّذِينَ عَمِلُوا السَّيِّئَاتِ

84} *Waan dalaganiin malee hanga dalaganiin malee waan biraatin hin yakkaman .akka waan gaarii takka yon dalagan sawaabni namaaf ida'amutti yon hamtuu takka dalagan qixaan'i yookaa yakki namatti hin ida'amu.

إِلَّا مَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿٨٤﴾

*Yaa ergamaa kiyya muhammad, inni qur'aana sirratti buuse rabbiin kee,

إِنَّ الَّذِي فَرَضَ عَلَيْكَ الْقُرْآنَ

*Makkatti si deebisa, wanni Rabbiin aayata

لَرَأَدُكَ إِلَىٰ مَعَادٍ

tana buusef, nabi muhammadiitu gaafa makkarraa hijraa baye, isaa madiina'atti deemuu hoggaa bakka { juhgf } je'antu gayu, gara makkaa mil'atee, isiidhaf

hawwee, odoo ummanni kee sirraa na baasuu baatee, silaa sirraan bayu je'ee, makka dubbise, hoggaa san rabbi in akki je'een: sii human guddoo qabun makkatti si deebisaa, hin yaaddawin je'ee abdachiise. Duuba rabbiin akkuma baallama seenefitti, isaa humna guddoo qabu makkatti deebi'ee .qabatee ,warra makkarraa isa baa se san, harka kennisiisee, makka biyya islaamaa godhe ... ormi kuffaaraa warri rabbi moromu, nabiiin akki je'an ati jallina keessa jirta, hoggaa san rabbiin na bi muhammadiin akki je'e:

*Orma kuffaaraatiin akki jettu: nama haqaan dhufe, kan qajeelloo keessajiru, rabbiitu beekha,

قُلْ رَبِّيَ أَعْلَمُ مَنْ جَاءَ بِالْهُدَىٰ

85} *Nama jallina mul'ataa keessa jirus rabbumaatu beekha ji'iin, kan qajeello'oon dhufe, nabii, kan jallina keessa jiru isaanii.

وَمَنْ هُوَ فِي ضَلَالٍ مُّبِينٍ ﴿٨٥﴾

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad odoo qur'aanni sirratti hin bu'in, qur'aanni sirratti bu'uu hin kajeeltu,

وَمَا كُنْتَ تَرْجُو أَنْ يُلْقَىٰ إِلَيْكَ الْكِتَابُ

*Haa tayuu rabbi keetitu rahgmata si godhee qur'aanaa sirratti buusee si guddisee,

إِلَّا رَحْمَةً مِنْ رَبِّكَ

86} * Kaafiraaf gurmuu hin tayin, diin isaanii sanirratti isaan hin gargaarin .

فَلَا تَكُونَنَّ ظَهِيرًا لِلْكَافِرِينَ ﴿٨٦﴾

*Ormi kuffaaraa aayata rabbirraa sin dhoo-wwin, irraa sin deebisin ,

وَلَا يَصُدُّكَ عَنْ آيَاتِ اللَّهِ

*Eega sirratti buufamtee, dubbii isaaniin dhagayin, waan isaan siin je'en hin dalagin,

بَعْدَ إِذْ أَنْزَلْنَا إِلَيْكَ

*Gara towhgiidafii ibaadaa rabbi keetitti nama yaami gara islaamaa namaa yaami

وَأَدْعُ إِلَىٰ رَبِّكَ

87} *Warra rabbitti waa qindeessurraa hin tayin, karaa isaanirratti isaan gargaaru'uun.

وَلَا تَكُونَنَّ مِنَ الْمُشْرِكِينَ ﴿٨٧﴾

*Rabbi tokkichaan wajji waan biraa hin ibaadin hin yaammatin,

وَلَا تَدْعُ مَعَ اللَّهِ إِلَهًا آخَرَ

*Isa malee rabbiin biraa hinjiruu,

لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ

*Wanni hundi ni dhumtii ni dhabamtii rabbi tokkicha qofaatu hin dhumne,

كُلُّ شَيْءٍ هَالِكٌ إِلَّا وَجْهَهُ

*Firdiin kan isaatii, martiin ta rabbiiti ,

لَهُ الْحُكْمُ

88} *Eega duutanii qabri' ii kaafamtaniiti gara isaa deeffamtan ,duuba waan dalaydan hundarraa isin gaafataa beekhaa.

وَالِيهِ تُرْجَعُونَ ﴿٨٨﴾